Dambii Lakk. 180/2008

**Dambii Waajjira Bulchinsaa Fi Eegumsa Iddoola Hambaa Holqa Soof Umar Hundessuuf Bahe Lak.158/2005 Fooyyeessuuf Bahe**

Safartiin ka'umsa daangaa fi bal'inni lafa Iddoola Hambaa Holqa Soof Umar jalqaba yammuu fudhatamu iddoowwan Hambaa kanaa guutummaatti waan hin hammanneef, kaartaa Iddoola kanaaf qophaa'e waliin akka wal gitu taasisuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Labsii Lakk.163/2003 keewwata 65(2)tiin Dambiin kanatti aanu bahee jira.

1. **Mata Duree Gabaabaa**

   Dambiin kun **" Dambii Waajjira Bulchinsaa fi Eegumsa Iddoola Hambaa Holqa Soof Umar Hundeessuuf Bahe Fooyyessuuf Bahe Dambii Lak.180/2008 "** jedhamee waamamuu ni danda'a.
2. **Fooyya'iinsa**

   **Dambiin lak.158/2005 keewwatni 9 akka armaan gadiitti fooyya'ee jira.**

   **9(1)'** Iddoolli Hambaa Holqa Soof Umar lafa bilisaa daangaa fi iddoola ijoo dabalatee akka waliigalaatti bal'ina lafa hektaara 2100.37 ( Kuma lamaa fi dhibba tokkoo fi tuqaa 37/100) kan qabaatu ta'ee, kallattii afraniin akkaataa armaan gaditti ibsameen ni daangeffama:

   a) Kaaba Lixaatiin 700025.045m _ 766733.166m
   b) Kaaba Bahaatiin 706521.306m _ 766733.166m
   c) Kibba Bahaatiin 706521.306m – 759465.374m
   d) Kibba Lixaatiin 700025.045m _ 759465.374m

   **9(2)'** Daangaan Iddoola Ijoo Holqa kanaa hektaara 793.02 (Dhibba torbaa fi sagaltamii Sadii fi tuqaa 02/100)'n ni daangeffama.
3. **Seerota Raawwatiinsa Hin qabaanne**

   Dambii, qajeelfamnii fi barmaatileen hojii Dambii kanaan walfaallessan kamiiyyuu dhimmoota Dambii kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.
4. **Yeroo Dambichi Hojirra Itti Oolu.**

   Dambiin kun guyyaa Eble 24, Bara 2008 irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Muktaar Kadiir

Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Ebla 24, Bara 2008

Finfinnee